Australian Government
Department of Social Services

Saalummaan Dhaanamuu (Sexual Assault)

Awustiraaliyaa keessatti eenyyuun illee saalummaan dhaanuun faallaa seeraa ti.

Namni yakka saalaan dhaanamuu raawwate dhiiras tahe dubartii mana hidhaa seenuu danda'a.

Ati ykn namni ati beektu kan balaa keessa jiru yoo ta'e **000** irratti poliisiif bilbili.

Awustiraaliyaatti Polisiin nagaa fi amanamoodha.

Gorsa iccitaawaa fi odeeffannoo bilisaatiif **1800 737 732** irratti 1800RESPECT tti bilbilaa.

Turjumaana bilisaa kan barbaadu yoo ta'e **131 450** irratti bilbili.

Mootummaan Awustiraaliyaa (Australian Government) Saalummaan Dhaanamuu haala kam keessattuu hin sarmu; tole hin jedhu.

Saalummaan dhaanamuun fedhii nama saniin malee nama kan biro irratti kan raawwatamu jechuu dha. Dhaabsi saalummaa hiriyaa gaa'ilaa, jaalallee ykn miseensa maatiin taasifamu faallaa seeraati.

Saalaan dhaanamuun kan inni dabalu:

- eenyuun illee humnaan waliin ciisuu/qunnamtii saalaa raawwatuu yookaan akka raawwatamu dirquu;
- qunnamtii saalaa saalfachiisoo (qaanfachiisoo) akka ilaalu/tu dirquu; ykn yookaan
- ijoolee waliin qunnamtii saalaa raawwatuu yookaan irratti raawwatuuf yaaluu.

Dubartootni aakkuma dhiirotaa qixa mirga qabaatan.

Seerri Awustiraaliyaa keessatti dubartootaa fi dhiirota wal-qixatti ilaala.

Eenyu illee okkora hariiroo gammachuu qabaatee hawaasa keessa bilisa jiraatuuf mirga qaba. Hariiroo gaariii maatiiwwan, hiriiyotaa fii jaalallee isaanii waliin qabaachu. Okkorri gonkumaa gaarii miti. Kanaafu eenyumtu miidhaa isaan irra geessisamu fudhatuu hin qaban.

Tajaajilli aadaa kabaju gargaarsa kennuu danda'u Australia keessa ni jira.

1800RESPECTn tajaajila gorsaa miidhaa saalaa, jeequmsa maatii fi miidhaa mana keessaa biyyaaleessaa Awustiraaliyaati. Innis tajaajilawwan odeeffannoo fi gorsa hiccitaawaa karaa bilbilaa fi onlaayiniitiin bilisa kenna. Gorsitoonnis isin dhaggeeffachuun, gaafii keessanis deebiisuun, akkasumas tajaajilawwan gargaarsaa naannoo keessanitti argaman kan biraatti isin ergu danda'u.

1800 737 732 irratti bilbilaa ykn marsariitii **1800RESPECT** karaa **www.1800RESPECT.org.au daawwadhaa**.

Afaan deebisa/hiikaa ni barbaaddaa?

131 450 irratti Tajaajila Hiikaa fi Turjumaanaa (**Translating and Interpreting Service** (TIS)) tiif bilbili. Tajaajilawwan gara biraa waliin dubbachuuf namni turjumaanaa TIS irraa isiin gargaaru kan danda'u yoo ta'u, garuu TIS'n gorsa hin kennu. Bilbilli hundinu bilisaa fi iccitaawoodha.